# Daandii Geejibaa-D isa Haaraa

## Tajaajilli Geejibaa Ariifataan gara Koriidorii Daandii Lakkoofsa 5 dhufaa jira.

### Daandii Geejiba-D, Tajaajila Geejiba karaa Guddicha Chikaagoo fi Firiimont kan fooyyeessu ta'a.

Tajaajila Geejiba Otobusii daddafanii fooyyessuun, daandii baaburaa kan magaalaa warra gurguddoo irratti illee tajaajila **ariifataa** fi **caalmaatti kan fooyya'aa ta'e kennuuf yaalii mijataa dha.** Daandiin Geejibaa Lakkoofsi 5, Daandii Baaburaa kan magaalota lakkuu ta'anii yoo ta'u, torbanitti dandeettii imaaltota 16,000 tajaajiluu qaba. Yeroo imalaatti, Geejibni daandii Lakkoofsa 5 bakka konkolaataa dhibbantaa 2 gadi kan qabu yoo ta'u, Koriidarii keessatti garuu namoota dhibbantaa 20 ol ta'an qabachuu danda'a.

### Akkamitti Tajaajilli ariifataan Daandii Geejiba Lakkoofsa 5 dandeettii konkolaachisuu kiyyaa fooyyessuu danda'aa?

Tajaajilli Geejiba ariifataa ta'ee kun inni of keessatti haammatu,**imala ariitiin** isaa fooyya'aa ta'e, **muuxannoo fooyya'aa** ta'ee, akkasumas bakka buufataa fooyya'aa ta'ee fi geejiba guddaa fi filatamaa ta'ee dha.

### Daandiin Geejiba D hagam ariifataa dha?

Geejibni Daandii-D tilmaamaan kan Daandii 5, dhibbantaa 20 kan ta'uun caalmaatti ariifataa akka ta'etti yaadama.

Otobusiiwwan fermaataa hundaatti qooda dhaabbatan, bakka fermaataa wal-irraa hiiquu ta'e akka qabaatan ni taasifamu. Kaffaltiin barbaachisaa ta'e ammo akkuma baabura warra kan biroo fermaataa gubbaattii dursee kan sassaabamu ta'a. sibiilonni eegannoodhaaf bakka garaa-garaatti hidhamanii jiran gara geejiba kanaa salphaatti seenuuf ni fayyadu. Yeroo gannaa yaabbii geejiba kanaa fooyyessuuf illee ni gargaara. Daandiin Geejiba-D kun to'attoota ibsaa tiraafikaa quunnamuudhaan yeroo turtii ibsaa diimaa gabaabsuu kan danda'u ta'a.

**DURSA GABATEE WAA'EE PIROJEKTII** (jijjiiramuu kan danda'u)

- **2016-2017** — KAROORA BAASUU
- **2018-2019** — SAXAXA
- **2020-2021** — IJAARSA *Fundii Pirojektii kanaaf barbaachisu eeguu*

### Pirojektiin kun deggersa fandii kan inni argachuu danda'u akkamiinii?

Baasiin Pirojektii kanaa walii-galatti doolaara miliyoona 75. Isaan kana keessaa doolaarri miliyoonni 40 kan ta'u hojii kanaaf argamee jira. Daandii Geejibaa-D irratti fermaataa / buufata ijaaruuf waliigalatti doolaara miliyoona 35 ta'utu dabalataan barbaadama jechuu dha.




Metro Transit

metrotransit.org/d-line-project


**Walitti dhufeenya Pirojektii:**
Cody Olson
dline@metrotransit.org
612-349-7390

# Daandii Geejiba-D maaltu adda taasisaa?

## *Iddoo buufataa/fermaataa muraasa qabaachuu, tajaajila ariifataa ta'e kennuu isaatii.*

Geejibni Daandi- D Koriidorii keessatti isa jalqabaa yoo ta'u, kunis tajaajila yeroo halkanii fi kan guyyoota torbaniis ni dabalata.

Daandiin Geejibaa Lakkoofsi 5 kan naannoo fermaataa Otobusii isa kanaan dura ture fayyadamuun tajaajila kan itti fufu ta'a.

### *Geejibaa-D*



*Turtii daqiiqaa 30 keessatti deddeebi'uun yoo tajaajila kennu, buufata daandii kanaa gidduu maayilii 1/8 ta'utu argama.*


### *Daandii Geejibaa 5*



*Turtii daqiiqaa 30 keessatti deddeebi'uun yoo tajaajila kennu, buufata daandii kanaa gidduu maayilii 1/8 ta'utu argama.*

## *Mallattoo tiraafikaa magariisa ta'e agarsiisuuf yeroo dheeraa kennuu*

Adeemsa isaa akka eeggatuuf, Geejibni Daandii-D to'ataa mallattoo tiraafikaa dursee quunnamuuf ykn kan mallattoo magariisaaf yeroo dabalataa gaafachuuf.





## *Geejibni kun daddafee waan fiiguuf dursanii kaffaluu*


Daddafee imaluu waan qabuuf balballi karaa hundumaan bakka kaffaltii maallaqaa hin qabaatu. Maamiltoonni tikeetii imalaa kan gurguran akkuma baabura kan biroo bakka buufataatti kan argamu ta'a. Maamiltoonni kaffaltii barbaachisaa kaffaluu isaanii kan raggaasisu, poolisii abbaa taayitaatiin malee hojjetoota Otobusiitiin miti.

## *Rokkoo iddoo fi ariifannaa dhowwuuf waan gargaaru*

Daandiin-D, kallattii Geejibaa dhaabbataa ta'e irra socho'a malee daandii kan biraan hin qopheeffamuuf. Qooda isa kanaa Pirojektiin kun daandii gara bitaa fi mirgaatti babal'isuu irratti ni hojjeta.




Yeroo ammaa maamiltoota kunuunsuuf jecha Otobusiin harka gara mirgaatiin lafa dhiphoo gubbaa fayyadamaa jira. Kun ammo rakkoo tiraafikaa uumuu kan danda'u ta'a.




Daandii cina babal'isuun daandii buufata-D tiif bakka mijeessuu, fi karaa gara bitaa fi mirgaa dhabamsiisuu dha. Bakki buufataa wal-irraa fagaachuun Otobusiin dursa mallattoo tiraafikaa sirriitti fayyadamuun akka socho'uuf fayyaduu danda'a.

## *Safartuu buufataa / fermaataawwanii fi haala fayyadama isaanii waliin*

Buufanni hunduu akkuma kan baabura kan biroo waantota barbaachisoo fi haalota mijatoo ta'aniin guutamanii jiru. Isaanis kan akka ho'aa, ibsaa, dhimma nageenyaa, odeeffannoo sirrii ta'e kan yeroo sochii geejibaa fi meeshaa waantota akka softii keessatti gatan (trash receptacles ) of-keessatti ni qabaata.

